OROMO

Geejiba/Transportation Baratoota Maneen Barmoota Ballard fi Franklin Kutaa Lamataa Barataniif

Fulbaan/Birraa 2006 jalqabee, baratoota maneen barmootaa Ballard fi Franklin Kutaa Lamataa baratan, baratooni hayama qaban atobisa metro fudhatuu dandayan. Baratooni baratoota baay'e/heduu kutaa lamataa baratan, warra atobisa fudhatan iraa tokko tayan jechuu dha.

Namni atobisa metro fudhatuu hayama qabu nama akkami?

Baratoota atobisaan mana barmootaa Ballard fi Franklin Kutaa Lamataa baratan fi warra maneen barmootaa iraa maayilii 2.5 fagaatanii jirataaniif kennama.

Barataan/tuun keessan/teesan barmoota kophaa/IEP waan qabu/qabdu yoo taye/taate, akka seera IEP titi geejibni kennamaaf. Barataan/tuun keessan/teesan sagantaa 504 yoo qabaate/qabaatte akkuma seeraa titi geejibni kennamaaf.

Jijiiramni kun maalif amma godhama?

Sagantaan kun baratoota maneen barmoota Kutaa Lamata Ballard fi Franklin barataniif ka duraati. Haali kun maneen barmoota dhibii tif waan dhiyaatu yoo taate, horii xiqaa akka nu gaafatu, achiin horiin qusatuu dandeennu barmootaa irra akka oolu nu gargaara jennee hamilla/hawwina.

Maneen barmoota yeroo jalqabaniif yeroo xumuran lafa kaayatuu filmaata qaban. Maneen barmoota kutaa lamataa Ballard fi Franklinif, jijiiramni kun manni barmootaa uf duuba harkkifatee akka jalqabu dandayu agarsiisa. Ballard ganama saa'aa 8:20 jalqabanii – saa'aa 2:50 xumuran. Franklin ganama saa'aa 8:00 jalqabanii – 2:30 xumuran.

Baratooni yero'on mana barmootaa dhaqanii takka turanii sagantaa kennamu iraa qooda fudhatuu caraa qaban jechuu dha.

Baratooni atobisa fudhatu'un mana barmootaa dhaqanii galu'uf caraa mijaawaa qaban jenchuu dha.

Barataan/tuun kiyya/tiyya atobsa kam fudhata/fudhatti?

Birraa kana osoo manni barmootaa hin-jalqabin dura, baratoota hayama atobisa fudhatu'u qabaniif(baratoota maayilii 2.5 mana barmootaa iraa fagaatanii galaniif) odeefanoo eerginaaf. Odeefanoo kana keessa karaa atobisni deemu, fi yeroo baratoon barmoota jalqabaniif teesoo keesan irratti hundayu'un, adaan baafnee eergina.

Barataan/baratuun kiyya/tiyya akkamitti horii baasa/baafti?

Baratooni hayama qaban (warri mana barmootaa iraa maayilii 2.5 fagaatan) atobisa fudhatuu akka dandayaniif **ji'a ji'an haadabranii/paasii bilaashatti argatan**.

Birraa kana osoo manni barmootaa hin-jalqabin dura, waraqaa Metro "scrip" jettu baratoota hayama hin-qabneef (baratoota mani isaanii maayilii 2.5 mana barmootaa iraa hin-fagaanef) akka horii baasan guyya manni barmootaa jalqabu kennamaaf. Baratooni hayama qaban haadabranii/paasii isaanii guyyaa manii bamootaa jalqabu argatan.

Haadabranii/paasii bilaasha kuniin ni-dhugoomfama, bakka atobisni dhaqu mara/hunda yeroo barbaadan (**bakka gargaarsi kophaa itti hin-kennamnetti**) dhimma itti bayuu dandayan.

Baratooni haadabranii/paasii atobisaa qaban atobisa "Community Transit' Everet Transit, Pierce Transit, fi Sound Transit ST Express fi baabura Sound Commuter saantima 50 itti dabalu'un yaabatuu/fudhatuu dandayan.

Yoo gaafii waan qabu taate eennu qunamuu dandaya?

Gaafii caalaa yoo qabaatan, maaloo Batala Gargaarsa Afaan Tokkoo olii (206) 252-7750ti bilbilchaa.

OROMO

Haa-Dabran/Paasii Metro Dhimma itti Bayu'uf

Haa-dabranii/Paasii Metro'o kana yoo dhimma itti baayan Seera Metroon Transit/ Maneen Barmoota Siyaatil Ummataa lafaa qabanitti bulu'f waadaa seenuu.

Nagayaaf fayyaa ummata Metroo fudhatuu eegu dhaaf:
Namni horii barbachisu baasu marti/hundi atobisa yaabbatu'uf mirga qaba. Namni atobisa yaabbattu marti mirga ummata kaawanii eeguu qaban. Metroon haalaf amala namni itti bulu fi ka poolisa Metroo tin hujjii irra oolu lafaa qaba.

Yeroo namni metro yaabattu/irra jirru amalii asii gadii seera metroon lafaa qabu cabsa. Warri seera cabse hidhamuu, horii akka baasan godhuu, takkaa atobisa iraa darbamuun ni-mala.

- Horii baasuu diduu
- Farshoo/dhugaatii dhuguu
- Waan gurratti suuqanii dhageefataniin malee Raadiyoo takkaa teepii dhageefatuu
- Ciisuu takka bakka tokkoo ol qabatuu
- Nama makiinaa oofu takka yaabatu cinquu/rakkisuu
- Loluu takka afaan jibbamaati dhimma bayuu
- Atobisa xurreesuu takka baleesuu
- Meeshaa warra atobisaa hatuu/fudhatuu
- Dabruu nama dhoorguu/karaa cufuu
- Tamboo xuuxuu
- Waan ibidda qabsiisuu dandayu uf-irratti qabaatu
- Hancufa tufuu
- Sibiila atobisaa irratti uf raraasuu/taphatuu
- Nafa ufii takka meeshaa balbalaan/maskooti'in dhaabuu

Bakka Seeri haala metroti dhimma bayanii asii gadiiti argatuu dandeetan:
County Clerk of the Council offices
King County Courthouse Room 402
516 Third Avenue
Seattle, Washington 98104-2386
Fi maneen kitaabaa baay'etti argama.

Seeraf heera cabsuun yeroo takkaa yeroo dheera dhaaf haa-dabra/paasiin akka isin iraa mulqamtu takkaa mirga dhabutu ni-mala.

Ann seera asii olii dubbisee, naaf gale, it bulas..

Malatoo Barata'a/tu'u _____ Maqaa Barreesaa_____

Guyyaa: _____